# Jireenya Torban Jalqabaa

## Qajeelfama Maati

### Mucaan kee amma dhalate nagaa qabaa?

Mucaan amma dhalate nagaa qabaatuu kan beeknu:

- Hidhii fi arraba akka diimatuu tahu (pink) qaba
- Akkuma kee ho'a qaamaa bobaa jalaa 36.8°C fi 37.3°C gidduu tahe qaba.
- Fincaanii fi udaan yeroo yerootti fincaahu, udaanu
- Sa'aa 24 keessatti yeroo kan 8 hanga 12 gahu irra deddeebiidhaan nyaachuu
- Yeroo dammaqu waan naannoo isaatti tahu beekuu fi sagalee fi dubbannaa namaaf miira iddoo kennuu (react)
- Gidduu gidduutti akka callisuu tahaa garuu hanga tokko hariitiidhaan afuura baafatuu
- Yeroo gargaarsa barbaadanitti wixxifatuu yaaluu, bifni akka jijjiiramuu tahuu, boo'uu, wirriiqatuu ykn or obsa dhabuu (trembling).

### Mucaan kee dhalate ni dhukkubaa?

Mucaan kee:

- Yoo afuura baasatuu dhiise ykn gogaan qaama isaa yoo jijjiirame
- Yoo roqimsiisaa (seizure) ollchisaa qabaate ykn iji, afaan, harki ykn miillii yoo urgufamaa jira tahe
- Yoo dammaquu dide
- Yoo sagalee guddaa, ifa ijatti qabamu ykn hraka irra yoo qonxoxan yoo itti dhagahamuu dide.

#### Tarkaanfii (Action)

**Hospitaala keessatti**

Daddaffiidhaan deessiftuu (midwife) ykn doktora keetti himi ykn batanii bilbilbil gargaarsa tuqi

**Manatti**

Bilbila 000

### Mucaan dhalatee torban tokko keessatti

Yoo mucaan kee:

- Dhalatee sa'aa 24 keessatti gogaan isaa bif-keelloo (yellow) yoo fakkaate
- Sa'aa 24 keessatti sa'aa 6 caalaaf yoo waan hin nyaatin ture ykn dide
- Guyyaa calqabaa sa'aa 24 keessatti yoo xiqqaate yeroo 1 hin fincoofnee fi yeroo tokko hin udaanne taheef
- Iji yoo daddafee lilibsate, afaan, harki fi milli yoo roqome (jerk)
- Socho'uu dadhabuu (limp) ykn qaamni, mataa, mormi, harki fi milli lawaasahuu (floppy)
- Hariitiidhaan afuura baasatuu fi aaduu
- Boo'icha yeroo kaan hin boonye boo'uu – kan akka sagaleen laaffatuu, caraanuu (high-pitched), aaduu ykn aadumsaadhaan wal makanii boo'uu
- Udaan dhiigaan makate irratti arguu
- Gogaan qaamaa jijjiiramuu ykn bif-keelloo (yellow) fakkaatuu
- Yeroo afuura baasatan mar'ummaan (garaan) isaanii ol guuramuu ykn lapheen isaanii gadi kufuu
- Hedduu haqqisuu – kan gara booda irra yeroo nyaatan keessaa walkkaa ol kan tahu haqqisuu.
- Haqisichi qulqulluu mit, aannan ykn bif-keelloo fakkaatuutti dhihaata.

| Qulqulluu | Aannan fakkaata | Bif-keelloo (Pale yellow) | Sinfii daakuu (Mustard) fakkaata | Magariisa (Green) | Magariisa (Green) | Magariisa (Green) | Magariisa (Green) | Dhiigaan makaa (Blood) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|

YKN

Waan dhibamte waan tahe sitti dhagahama.

#### Tarkaanfii (Action)

**Hospitala keessatti**

Deessiftuu (midwife) ykn doktora keetti dubbadhu.

**Manatti**

- Toora Gargaarsa Bilbilaa Sa'aa 24 Fayyaa Haadhaa fi Mucaa bilbila 13 22 29
- Neersii Bilbila irraan (Nurse-on-Call) sa'aa 24 bilbila 1300 60 60 24
- Doktora maatii (GP) kee argi
- Gara Damee Wallaansa Hatattamaa (Hospital Emergency Department) deemi
- Yoo jarjarsa tahe 000 bilbili

**Yaadadhu: Yeroo komputeera irratti ilaaltu fi/ykn waraqaa irratti maxxansamu halluun taraaramichaa (chart) tarii wal fakkaatuu dhiisuu mala.**

Reference: Morley CJ, Thornton AJ, Cole TJ, Hewson PH, Fowler MA. Baby Check: a scoring system to grade the severity of acute systemic illness in babies under 6 months old. Arch Dis Child. 1991 Jan;66(1):100-5. doi: 10.1136/adc.66.1.100.